Latvia

# DAATAAN DHUUNFAA KOO MAALIIF GARA EURODAC TTI DABARFAMA?

Gosa A

## IYYATOOTA EEGUMSA IDIL-ADDUNYAA



OROMO

## BARRUU KANA MAALIFAN FUDHADHA?

Eegumsa idil-addunyaa, kan koolugaltummaa jedhamuunis beekamu, biyya kana keessatti iyyattaniittu.

Barruun kun daataa aangawootaan kuufamuu fi yeroo hammamiif akka kuufamu odeeffannoo dabalataa kenna.

## ASHAARAA QUBAA FI SUURAA KOO MAALIIFAN KENNUU QABA?

Angawoonni biyya kana keessa jiran ashaaraa qubaa fi suuraa keessan ni fudhatu. Daataan kun odeeffannoo eenyummaa keessanii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo waliin gara kuusdeetaa Eurodac tti ni darba.

Eurodac namoota gosoota murtaa'oo lammiilee biyya EU+ hin taane ashaaraa qubaa fi suuraa addaa isaanii waliin walqabsiisa.

Kuuseetaan kun biyyoota EU+ 31 kanneen odeeffannoo keessan argachuuf daataa keessan adeemsisuu danda’aniin fayyadamama. Biyyoonni EU+ dhuma barruu kanaa irratti tarreeffamaniiru.

# DAMBIIN BULCHIINSA KOOLUUGALTUMMAA FI GODAANSAA MAALI?



Biyyoonni EU+ seera waliigalaa Dambii Bulchiinsa Kooluugaltummaa fi Godaansa jedhamu kan biyyi kam iyyata eegumsa idil-addunyaa qorachuu akka qabdu murteessuuf gargaaru irratti waliigalaniiru. Seerri kun biyyoonni EU+ yeroo tokkotti iyyannoo baay’ee yoo isaan qaqqabe akka wal gargaaran ni eeyyama.

Biyyoota EU+ keessaa tokko iyyata eegumsa idil-addunyaa keessan akka qoratu wabii qabdu garuu biyyi EU+ kam itti gaafatamummaa akka fudhattu filachuu hin dandeessan. Biyyi iyyata keessan qorattu seera Dambii Bulchiinsa Kooluugaltummaa fi Godaansa baheen murtaa’a.

Yoo eeyyama malee gara biyya EU+ kan biraatti deemtanii fi ashaaraan qubaa keessan irra deebi'amee fudhatame, daataa keessan kan Eurodac keessatti kuufame hundi aanga'oota biyya sanaatti ni mul'ata.

**Amma Latvia kan biyya  EU+ taate keessa jirtu.**
**Biyyoonni EU+ kan ta’an:**

- Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) 27: Awustiriyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Qoophiroos, Cheek, Deenmaark, Istooniyaa, Fiinlaand, Faransaay, Jarmanii, Giriik, Hangaarii, Xaaliyaan, Laativiyaa, Luutaaniyaa, Luugeembarg, Maaltaa, Neezerlaand, Poolaand, Poorchugaal, Rippaabilika Aayerlaandii, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Isloovaaniyaa, Ispeen, Siwiidin fi
- biyyoota biroo 4: Ayislaand, Lechtenistiyaan, Noorweey, Siwiizerlaand

# ODEEFFANNOO AKKAMIITU EURODAC KEESSATTI KUUFAMA?



Odeeffannoon armaan gadii yeroo hunda ni kuufama:

- ashaaraa quba keessanii
- suuraa fuula keessanii
- maqaa amma ykn kanaan dura itti fayyadamtan hunda
- guyyaa dhaloota keessanii
- bakka dhaloota keessanii
- sabummaa ykn lammummaa keessan
- saala keessan
- waraabbii sanadoota eenyummaa ykn imalaa fayyadamtan, bakka jiru, odeeffannoo waa'ee dhugummaa isaanii dabalatee
- ID fayyadamaa qondaala ashaaraa qubaa fi suuraa keessan fudhatee fi guyyoota daataa keessan itti fudhatamee fi itti darbe
- biyya eegumsa idil-addunyaa argachuuf itti iyyattan
- guyyaa iyyata eegumsa idil-addunyaa.

Odeeffannoon armaan gadii bakka barbaachisaa ta'ettis Eurodac keessatti ni kuufama:

- biyya iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdu
- yoo bakka biraatti jijjiiramtan, biyya EU+ itti jijjiiramtan
- yoo iyyanni keessan fudhatama dhabee fi biyyoota EU+ keessa turuuf mirga hin qabaanne
- yoo iyyanni keessan qajeelfama daangaa jalatti ilaalamee fi fudhatama dhabe ykn iyyanni keessan akka addaan citetti ilaalame
- odeeffannoo viizaa biyya EU+ tiin isiniif kenname kamiyyuu
- odeeffannoo yeroo kamiyyuu naannoo biyyoota EU+ keessaa baatan irratti
- odeeffannoo fedhii keesaniin gara biyya keessanitti deebi'uuf dhihaate fudhachuu fi dhiisuu keessan ibsu.

Odeeffannoo Eurodac keessatti kuufame argachuu fi kanneen dogoggoraa ta'an fooyyessuu fi odeeffannoon keessan seeraan ala yoo qabame akka haqamu gaafachuuf mirga qabdu. Kana gochuuf too'ataa daataa qunnamuu dandeessu. Odeeffannoon quunnamtii to'ataa daataa barruu mata duree '**Waa'ee Eurodac wanta beekuu qabdan**' jedhuun argamuu danda'a.

## DAATAA DHUUNFAA KOO EURODAC KEESSA YEROO HANGAMIIF KUUFAMA?



Odeeffannoon keessan waggaa 10f kuufamee booda ofumaan ni haqama.

Yeroon kun osoo hin xumuramiin biyya EU+ keessatti lammummaa yoo argattan, daataan keessan ni haqama. Yoo daataan keessan haqame, kun biyya lammummaa itti argattan keessatti haala keessan irratti dhiibbaa hin geessisu.

## ODEEFFANNOON BIRAA EURODAC KEESSATTI NI KUUFAMAA?

Yoo aangawoonni kanneen armaan gadii argan firiin sakatta'iinsa nageenyaa keessanii ni kuufama:

- meeshaa waraanaa yoo qabaattan
- jeequmsa yoo uumtan
- yakka shororkeessummaa keessatti yoo hirmaattan
- yakka cimaa biyya EU+ kan biraa keessatti hidhamuu dandeessisu yoo raawwattanii jiraattan.

Yeroo akkasii, nageenya keessoo irratti balaa geessisuu akka dandeessan ni ilaalama. Kunis sababa ykn sababoota hojiirra oolan armaan olitti bal'inaan ibsaman waliin Eurodac keessatti ni kuufama.

Biyyoonni EU+ kana booda nageenya keessoo, irratti balaa hin taú jedhanii yoo yaadan odeeffannoon kun ni haqama.

Odeeffannoo Eurodac keessatti kuufame argachuu fi kanneen dogoggoraa ta'an fooyyessuu fi odeeffannoon keessan seeraan ala yoo qabame akka haqamu gaafachuuf mirga qabdu. Kana gochuuf too'ataa daataa qunnamuu dandeessu. Odeeffannoon quunnamtii to'ataa daataa barruu mata duree **'Waa'ee Eurodac wanta beekuu qabdan'** jedhuun argamuu danda'a.

# YAADANNOO KOO

## YAADANNOO KOO

Yaadannoon kun odeeffannoo qofaaf kan qophaa'edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. EUAA nis ta’e namni EUAA bakka bu’ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo barruu yaadannoo kana keessatti argamutti fayyadamuu danda’uuf itti gaafatamummaa hin qabu.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025